


DISCOVER

ITS BEAUTY

Kutaa 2ffaa

# AMANTII AADAM FI HAWWAA

DR. NAAJII IBRAAHIIM



# Ergaa!

Aadam fi Hawwaan yeroo uumaman irra eegalee, seenaa darbe hunda keessatti, amantiin dhugaa tokko kan ergaa dhugaa tokko qabu qofatu irra deddeebi’amee dhala namaatii dabarfamaa ture. Namoonni Uumaa isaaniitti akka amananii fi isa qofa akka gabbaran ajajuu, namoota yaadachiisuun gara daandii sirriitti akka deebi’an; Nabiyyoonni fi Ergamtoonni hedduun - Aadam, Nuuh, Ibraahiim, Muusaa, Iisaa fi Muhammad - Amanti bifa tokko ta'e kan rabbin biraa dhufe akka hordofanii ergaa kana akka dabarsan Rabbii dhugaa Allaah biraa ergamaniiru.

***GABBARAMAAN DHUGAA RABBI TOKKODHA. ISA QOFA GABBARAA.***

Dhugaa dubbachuuf nabiyyonni fi ergamtoonni kun hundi ergaa tokko lallabaa turan waan ta'eef amantiin isaanii tokko ta'uu qaba!

Yaadni guddaan ergaa isaanii Rabbiif (Allaah) bitamuudha. Jechi 'bitamu' jedhu kun hiika jecha Arabaa ' Islaam ' jedhuuti.

Rabbiif ykn Islaamummaaf bitamuun amantii dhugaa Aadam fi nabiyyootaa fi ergamtoota Rabbii hundaa akka ta'e qur'aanni nuuf mirkaneessa .

Iisan duuka buutonni isaa fedha rabbii akka raawwatanii fi abboommii isaa akka eegan akka barsiise Macaafni Qulqulluun ibsa hedduu ni kaasa. Haaluma wal fakkaatuun Macaafni Qulqulluun hiika Islaamaa (Rabbiif bitamuu) ni ibsa:
*"Waaqayyoof of gadi qabaa"* (Yaaqoob 4:7)

Jechi ‘Muslima’ jedhu nama fedha isaa/ishee Waaqa dhugaatiif gadi kennu jechuudha. Kanaafuu Muslimoonni hordoftoota dhugaa Aadam, Nuuh, Ibraahiim, Muusaa, Iisa, Muhammad fi Nabiyyoota hafaniiti.



*Yaa Israa'el dhaga'i: Waaqayyo gooftaan keenya Gooftaa tokkicha.* (Keessa Deebii 6:4)

*Ani Waaqayyo waanan ta'eef, ana malee kan biraa hin jiru; Ani Waaqayyodha, kan akka koos hin jiru.* (Isaayaas 46:9)

*Gooftaa olaanaa Ati akkam guddaadha! Akkuma gurra keenyaan dhageenyetti kan akka kee hin jiru, si malee waaqni biraa hin jiru.* (2 Saamu'el 7:22 )

*Na beekta na amanattee ani isa ta'uu koo hubachuu dandeessa. Waaqayyo ana dura, ana boodas hin uumamne. Ani, Waaqayyodha, ana malee fayyisaan biraa hin jiru.*
(Isaayaas 43:10-11)

*Yaa Gooftaa kan akka kee hin jiru akkuma gurra keenyaan dhageenyetti si malee waaqni biraa hin jiru.* (1 Seenaa 17:20)

*Ani isa duraa, isa dhumaa, Waaqa tokkicha. Ana malee waaqni biraa hin jiru.* (Isaayyaas 44:6)

*Waaqni biraa hin jiru. "Amma gara kootti garagalaa fayyinaa, namoota addunyaa maraa! Waaqni ana qofa. Waadaan kiyya dhugaadha hin jijjiiramu. Waan jiru hundumaan nan kakadha, hundinuu dhufanii fuula koo duratti akka sagadan.*
(Isaayaas 45:21-23)



*Kunoo, namni tokko itti dhihaate, Barsiisaa gaarii, jireenya bara baraa argachuuf wanta gaarii akkamii gochuun qaba? Innis (Iyyesuus) Maaliif gaarii naan jetta? Waaqayyo malee wanti gaariin hin jiru.* (Maatewos 19:16-17)

*Jireenyi bara baraa immoo Waaqayyo isa dhugaa ta'e si beekuu fi Yesus Kiristoos isa ati ergite beekuu jechuudha.* (Yohaannis 17:3)

*Waaqa kee waaqeffadhu isa qofaaf sagadi!* (Maatewos 4:10)

*Yesuus immoo deebiseef, Abboommii hundumaa keessaa inni duraa, Yaa Israa'el dhaga'i; Gooftichi Waaqayyoon keenya Gooftaa tokkicha. Ati immoo Waaqayyoo kee garaa kee guutuu, lubbuu kee guutuu, yaada kee hundumaa fi humna kee guutuu jaalladhu; Kun abboommii isa jalqabaati. Inni lammaffaan immoo akkana: Ollaa kee akka ofii keetiitti jaalladhu. Ajajni kanneen caalu hin jiru.* (Maarqos 12:29-31)

*Barreessaan seeraas, "Barsiisaa, ati dhugaa dubbatteetta, Waaqayyo tokkicha waan ta'eef; isa malee kan biraas hin jiru.* (Maarqois 12:32)

*Waaqayyo tokkicha jira, Waaqayyoo fi nama giddu-us gidduu galeessa tokkotu jira, innis Yesuus Kiristoos.* (1 Ximiotewoos 2:5)

*Yesus akkas jedhee deebiseef: "Barsiisni koo kan koo miti; isa na ergerraayyi male."* (Yohaannis 7:16)



# Rabbii Dhugaa Tokkicha Qur'aana keessatti

***"Gabbaramaan keessan gabbaramaa tokkichaa isa, isa malee dhugaan gabbaramaan hin jiru. (Inni) akkaan mararfataa rahmata godhaadha."*** (2:163)

***"Jedhi: Inni Allaah (gabbaramaa dhugaa) tokkicha. Allaahn hirkoo waa hundaati. Hin dhalle hin dhalannes. Hiriyaan tokkoos isaaf hin taane."*** (112:1-4)

***"Ana malee dhugaan gabbaramaan hin jiru, Ana (qofa) gabbaraa."*** (21:25)

***"Dhugaan gabbaramaan keessan tokkicha."*** (37:4)

***"Sila Rabbii wajjiin gabbaramaan biraa ni jiraa? Allaahn waan isaan [Isatti] qindeessan irraa ol ta'e."*** (27:63)

***"(Kan akkana hojjate) kun Rabbii keessani, Isa malee dhugaan gabbaramaan hin jiru, (Inni) uumaa waan hundaatii, Isa (qofa) gabbaraa, Inni waan hunda tiksaadha."*** (6:102)

***"Gooftaa tokkicha gabbarutti malee hin ajajamne, Isa malee gabbaramaan haqaa hin jiru, Inni waan isaan itti qindessan irraa qulqullaa'e."*** (9:31)


MASJIIDA NABIYYII, MADIINAA, SA’WUDI ARABIYAA

Nabiyyonni fi ergamtoonni Rabbii hundinuu - Aadam, Nuuh, Ibraahiim, Muusaa, Iisa fi Muhammad - ergaa wal fakkaatu akka dabarsan rabbii tokkicha ta'e Allaah irraa ergaman.

***Rabbiin dhugaa Allaah, Rabbii TOKKICHA. Isa QOFA gabbaraa.***

Nabiyyonni fi ergamtoonni kun hundi ergaan isaan lallabaa turan wal fakkaataa waan ta'eef, amantiin isaanii tokko ta'uu qaba! Kanaafuu amantiin nabiyyootaa fi ergamtoota kanaa maali?

Fedha rabbiif bitamuun hundee ergaa isaaniiti. Jechi **'BITAMUU'** jedhu kun hiika jecha Arabaa ***'ISLAAM'*** jedhuuti.

Qur'aanni hanga Guyyaa Qiyaamaatti, ***"Islaamummaan"*** Amanti dhugaa Aadam, Hawwaa fi sanyii isaanii ta’uus ni mirkaneessa.

Dhumarratti fayyina argachuuf fedhii fi garaa guutuun ergaa armaan olii kana fudhachuu fi amanuu qabna. Garuu kun gahaa miti! Akkasumas nabiyyoota Rabbii dhugaa hunda (Nabi Muhammad dabalatee) amanuu fi amantii, qajeelfamaa fi barsiisa isaanii isa dhugaa hordofuu qabna.

**Kun karra gammachuu fi jireenya bara baraati!**



# Hiika Maqaa Gurguddoo Islaamummaa Keessatti

**Allaah:** Afaan Arabaatiin Allaah maqaa sirrii rabbii dhugaa tokkicha Uumaa ta'eeti. Islaamummaan Allaah rabbii dhugaa ilma namaa hundaa akka ta’e barsiisa.

**Muhammad:** Nabiyyii dhumaa Rabbi dhugaa tokkicha, Allaah, Uumaa irraa dhala namaa hundaaf ergame. Muhammad namoonni hundi Rabbiin (Allaah) qofa akka gabbaran ajajaa ture.

**Islaamummaa:** Fedhii Rabbii dhugaatiif bitamuu.

**Muslima:** Fedhii Rabbii dhugaa tokkichaaf nama bitame.

**Qur'aana Kabajamaa:** Dubbii rabbii dhumaa, rabbii tokkicha dhugaa. Nabi Muhammad irratti kan bu'e.

**Masjiida:** Iddoo ibaadaa qulqulluu Muslimoonni irra caalaa salaataa fi ibaadaatif itti fayyadaman.



Rabbiin Afaan Arabaatiin



Rabbiin (Waaqa dhugaa) kadhatu



Qur’aana Ulfina qabeessa



Muhammad afaan Arabaatiin

# Fedhii waan haaraa beekuu qabdaa?

Waa'ee Islaamaa odeeffannoo dabalataa fi bal'aa ta'e argachuuf fedhii yoo qabaattan marsariitii keenya daawwadhaa:

**www.discoveritsbeauty.com**

## Walfaannee Bareedina isaa Qorachuu:

1. **Fiixee qarsaa cabbii qofaa**
2. **Amantii Aadam fi Hawwaa**
3. **Bu'uura Islaamaa**
4. **Gaaffii murteessaa dhala namaa deebisuu**
5. **Maqaa isaa gaggaarii**
6. **Mul'ata dhumaa**
7. **Ergamaa xumuraa**

## MARSARIITII ISLAAMAA BU'AA QABEESSO TA'AN:

http://www.allahsquran.com
http://www.quranexplorer.com
http://www.islamhouse.com
http://www.edialogue.org
http://www.islamreligion.com
http://www.newmuslimguide.com
http://www.guidetoislam.com

# Ragaa Iimaanaa (karra Islaamummaa)

“Rabbiin malee gabbaramaan biraa akka hin jirre ragaan baha, Muhammad Ergamaa Rabbii akka ta’es ragaa nan ba’a.”

Afaan Arabaatiin akkas jedha:

أشهد أن لا إله إلا الله وأشهد أن محمدًا رسول الله

kan akkanatti dhaga’amu:

**ASH-HADU AN-LAA ILAAHA ILLALLAAH,**
**WA ASH-HADU ANNA MUHAMMADAN**
**RASUULU-LLAAH.**

Kun ragaa iimaanaa namni tokko Islaamummaa fudhachuuf sagalee dhageessisuu qabuudha; dhugaa, bareedinaa fi salphaa ta’uu Islaamaa gabaabsee ibsa.






GLOBAL ACADEMY FOR TRANSLATION AND EDUCATION (GATE)
LONDON | THE UNITED KINGDOM

Kan hiikame AL ANDALUS GROUP LTD
www.alandalusgroup.org

كتاب دين آدم وحواء بلغة الأورومو